


Qeerroo Bilisummaa Oromoo (QBO)

Oromo Youth Liberation Movement

Date: Amajji 13, 20224

Guyyaa: January 13, 2021



حركة تحرير شباب أورومو

Nr.: IQBO-01/02-2024

Lakk.: IQBO-01/02-2024

Kaafamuu Uggura Gabaa Lagannaa Ilaalchisuun

(Ibsa Qeerroo Bilisummaa Oromoo Irraa Kenname)

Qabsoon uummatni Oromoo gama hidhannoon sirna bilxiginnaa irratti geggeessaa jiru qabsoo hadhooftuu dhiiga, lafee, qabeenyaa, qorqalbii fi lubbuu gaafatee jirtuu dha. Abidda Oromoo irratti murna bilxiginnaa Abiy Ahmediin hogganumuun qabatee jiru Oromoo akka malee yoo gubu abbootii taayitaa fi hawaasa birootti garuu dhagaa'amaa hin jiru. Duula hamaa dandeenyaan uummata Oromoo balleessuu yoo dadhabame ammoo gama hundaan cabsanii miira gad-aantummaan itti dhagaa'amee akka jiraatuuf taasifamaa jiru ilaalchisuun, Qeerroon Bilisummaa Oromoo hojii Diddaa Uummataa gaggeessuun qabsoo geggeeffamaa jirutti xumura gochuuf labsa Lagannaa Gabaa fi Uggura Geejjibaa Amajjii 3, 2024 sa'a 12:00 irraa kaasee hanga Amajjii 7, 2024 sa'a 12:00tti taasisee ture.

Labsa kanas milkiin xumuruu ibsuun uggurri muraasni akka itti fufu ta'eera. Labsa Lagannaa Gabaa fi Uggura Geejjibaa kana ilaalchisuun hawaasa waliin QBO maree taasiseen waamichi Diddaa Uummata kun sirrii ta'uu wal hubachiisuun, wantootni ugguramanii turan akka ka'anii fi wantootni naannoo turuun baduu danda'an kanneen akka kuduraa fi muduraa jal'isiin oomishamanii gabaatti qonnaan bulaaf akka dhiyaatan gaafatanii jiru.

Kana malees ka'umsa uggura kana ilaalchisuun wantoota ka'anii fi hafan irratti qaamotni tokko tokko burjaajii uumaa jiraachuu fi kanatti fayyadamanii dinagdee hawaasichaa saamaa jiraachuus yaadota QBO dhiyaatanii dha. Kanuma irratti hundaa'uun Koreen Qeerroo Bilisummaa Oromoo gaaffii hawaasaa kana kaleessa Amajjii 12, 2024 waltajjiin ilaaluun uggurri kun guutuutti yeroof akka ka'u murteessee jira.

Uggura itti aanu kana keessatti uummatni magaalaa Finfinnee, sabootni ollaa jechuun mootummoonni naannoolee qabsoo uummatni Oromoo gochaa jiruun dhiyeessiin irraa citu, rakkoo murna bilxiginnaa uumeen ta'uu hubattanii yeroo Qeerroon Bilisummaa Oromoo labsa baasutti dursitanii qophaa'uun waamicha cunqursaa ofirraa buqqisuu keessatti hirmaachuun hariiroon hawaas-dinagdee akkasumas siyaasaa uummata Oromoo waliin qabdan akka jabaatee itti fufu akka gootan dhaammanna.

Qabsoon uummatni Oromoo gochaa jiru kan murna bilxiginnaa dadhabsiisuun buqqisuu irratti xiyyeeffate malee matatu Oromoo irrattis ta'e saboota biroo irratti kan xiyyeeffate akka hin thane

hubachuun qaamni isin ilaallatu dhaamsa kana dubbisuun akkasumas waliif qooduun hojiitti akka hiiktan gadi jabeessinee dhaammanna.

Qeerroon Bilisummaa Oromoo labsa kana bu'uura godhachuun konkolaattota daandii darbanii fi sochii uummataa kamuu akka hin dangeessine akkasumas uummata keenya qabsoofnuuf akka hin mufachiifne dhaammanna. Labsiin kun hanga labsiin biraan koree kanaan labsamuutti har'a Amajjii 13, 2024 irraa eegalee hojii irra ni oola.

Tokkummaan Humna!

Diddaa Uummataa Jijjiirraa Sirnaaf!

Injifannoon Uummata Oromoof!

Amajjii 13, 2024

Oromiyaa